



Waajjira Barnoota Godinaalee 21fi Bulchiinsa Magaalotaa 23 tiif

B/J

Dhimmi: Ulaagaa Filannoo Barattootaa Seensa Manneen Barnoota Bultii

Addaafi MBA Isinii Erguu Ta'a.

Akkuma armaan olitti ibsame filannoo barattootaa seensa MBBA fi MBA bara 2019 ilaalchisee ulaagaalee filannoo barattootni kun itti filataman qopheessinee kan isinii ergine yemmuu ta'u qormaatni seensa kutaa 9ffaa bara kanaa Kompuutaraa akka kennamu waliigalamee jira.

Haaluam Kanaan,

1. Qormaatichi Kompuutaraan gaggeeffama waan ta'ee Jiddu gala CBT Qormaata Biyyoolessaatiif fayyadamaa turtan Lakkoofsa barattoota keessaniitiin qopheessitanii hanga guyyaa 4/12/2018tti lakkoofsa CBT qophaa'e akka nu beeksifan
2. Galmeen Barattootaa Ragaa ulaagaa irra taa'een karaa ogeessota ICT dhimma kana qindeessan kan raawwatu waan ta'ee Wantoota barbaachisan kan akka ifaa, neetwokiifi jenereetarri qophaa'aa ta'uu mirkaneeffachuu.
3. Barattoota Online Qoramu qabu jettanii Erga MB Bultii Addaa fi Addaa galanii bu'aa buusuu danda'u jettan Avereerjii jedhameen adda baaftanii beeksisuu.
4. Barattoota adda baafatan Jiddugala CBT itti qorsiiftanis ta'ee Kompuutaroota qabdan irratti akka shaakalchiiftan jechaa dhimmoota asiin olitti kaa'amaniif kanneen biroos of eeggannaa fi ittigaafatamummaa olaanaan akka raawwattan isin beeksifna.

Nagaa Wajjin!
Girma Baay'isaa Dhinsaa
A Hogganaa BBO



Guyyaa: 29-11-2018

**Ulaagaa Simannaa Barattoota Kutaa 9^{ffaa} Manneen Barnoota Bultii
Addaafi Addaa Naannoo Oromiyaa Bara 2019**

1. Ulaagaalee Galmee

1.1. Barattoota waliigalaatiif:

- Qormaata naannoo kutaa 8ffaatiin qabxiin giddugaleessaa (Average) dhiiraaf 83%fi isaa ol, Shamarraniif 80%fi isaa ol kan qaban;
- Tiraaniskiriiptii kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan dhiiraaf 85%fi isaa ol, Shamarraniif 75%fi isaa ol;
- Tiraaniskiriiptii gosa barnootaa Afaan Ingilizii fi Herregni qofaatti shallagamee kan kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan dhiiraaf 75%fi isaa ol, akkasumas Shamarraniif 70% fi isaa ol kanneen qaban.

1.2. Naannoo Horsiisee Bulaaf-

- Qormaata naannoo kutaa 8ffaatiin qabxii G/Galeessaa Qormaata kutaa 8ffaa Dhi- % 80 Dub- %77
- Tiraaniskiriiptii kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan dhiiraaf 85%fi isaa ol, Shamarraniif 75%fi isaa ol;
- Tiraaniskiriiptii gosa barnootaa Afaan Ingilizii fi Herregni qofaatti shallagamee kan kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan dhiiraaf 75%fi isaa ol, akkasumas Shamarraniif 70% fi isaa ol kan qaban

1.3. Qaama Miidhamtootaaf-

- Qormaata naannoo kutaa 8ffaatiin qabxii G/Galeessaa Qormaata kutaa 8ffaa Dhi- %80 Dub- %77
- Tiraaniskiriiptii kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan dhiiraaf 85%fi isaa ol, Shamarraniif 75%fi isaa ol;



- Tiraaniskirriiptii gosa barnootaa Afaan Ingilizii fi Herregni qofaatti shallagamee kan kutaa 7ffaa fi 8ffaa giddugaleessaan **dhiiraaf 75%fi isaa ol, akkasumas Shamarraniif 70% fi isaa ol kan qaban.**

2. Guyyaa Galmee fi Bakka Galmeen Itti Geggeeffamu:

- **Guyyaa Galmee:** Adoolessa 30 hanga Hagayya 12/2018 online kan geggeeffamu ta' a.
- **Iddoo Galmee:** Waajjira Barnootaa Aanaaleefi Bul/Magaalotaa Oromiyaafi Magaalaa Finfinnee keessatti ta'a.

3. Iddoo qormaanni itti kennamu: Manneen Barnoota Bultii Addaa saglaniifi giddugalaa CBT godinaalee fi magaalota qopheeffatanitti ta'a

4. Guyyaa Qormaataa- Hagayya 19/2018 **Qormaatni online kan kennamu ta'a.** Barattootni qoraman waraqaa eenyummaa isaan ibsu qabachuun buufata qormaataatti argamuu qabu.

5. Qabxii Madaallii:

- 80% Qabxii qormaata barreeffamaa
- 15% qabxii ministrii
- 5% qabxi Transkriiptii

6. Iddoo ramaddii: Barattootni qabxii darbiinsa fiduun darban manneen barnootaa bulti addaa BBO fi WMOon ramadutti ta'a.

Dabalataan barattoota qoraman keessaa kanneen otoo hin filatamiin hafan qabxii darbinsaa Biiron murteessee beeksisuun MBA Yunivarsiitii, Godinaaleefi Magaalotaan bulaniifi isaanitti dhiyoo ta'anitti kallattumaan galmaa'uun barachuu kan danda'an ta'uu ni hubachiifnu.



Hub:

1. Barataan qormaataaf dhufu kamuu iddoo BBO ramadutti deemee barachuuf fedhii kan qabuufi erga ramadamee booda jijjiiraa gaafachuun kan hin danda;amne ta’u ni hubachifna.
2. Waajjirri barnootaa godinaaleefi bul/magaalotaa buufataa CBT kan baay’ina barattoota keessan waliin kan walsiimuu; kan itti qoraman ammunarraa ogeessa ICT ramaduun galteenwwan barbaachisan.

